



Gubaatiin ibiddaa balaa laalaa guddoo fi miidhaa qaama nama irra geessu keessaa isa bakka guddaa qabu. Sokondii yartuutti, balaan ibiddaa midhama qaamaa fi qalbii jireenya guutuu fida, keessaahuu ijoolleerratti. Ijoolleen akka namoota gurguddaa utuu hin taane coraa haphii qabu; coraan isaanii oowwinsa xinnaan akka hamaatti gubatu danda'a. Ijoolleen xixxiqqoon akka nama gurguddaa balaa dafanii waan hin hubanneef ibiddaan hubamu. Naannoo jiranis akka gaariitti waan hin hubanneef wonti lubbuu isaaniif sodaachisu hoo isaan qunname jalaa bahuuf hin danda'an. Dhumarratti, miidhama sababa balaa ibiddaa irra gahu irraa hafuu hin danda'an.

Guutuu biyyaatti, balaa ibiddaa irraa kan ka'e woggaatti daa'imman 600 ta'an du'u akkasumas 100,000 kan ta'an balaa gubaatiin wol-qabateen madaawuudhaan woldhaansa argatu. Minnesootaatti, baay'inni namoota balaa ibiddaan wol-qabateen hubamanii gara yaala hatattamaa (emergency room) deeman woggaatti giddugaleessaan 5000 ol ta'a.\*

Baay'een keenna mana keessatti balaan waan nu qunnamu hin seenu, dhugaan garuu, manni nyaata itti bilcheesituu (kushiinaa) fi manni itti dhiqattu bakka balaan du'aa geessuu irraa ka'uu danda'a. Mana jireenaa kee siif ta'ee namoota biroof akka nagaya ta'u kan godhuu qabu si'i.

\*Minnesota muumme fayyaa



[www.ci.minneapolis.mn.us/fire](http://www.ci.minneapolis.mn.us/fire)

*Wojji ta'uudhaan*



[www.fire.state.mn.us](http://www.fire.state.mn.us)


# Balaa Ibiddaa

## Ittisuu



# Yaaddoo Balaa Ibiddaa

# MAAL GODHUU DANDA'A?



Waan balaa fiduu

danda'u kan naannoo kee jiru qalbiin hubachuun yoo danda'ame xinneessi. Itti gaafatamaa fi of-eeggannoo godhuudhaan namoota biroof fakkenya ta'i.

## Of-eeggannoo Kushiinaa keessaa

- Yeroo nyaata bilcheessitu kushiinaa keessa turi.
- Meeshaa ibiddaan gubachuu danda'u waan otteen qabattuuf foomaa dabaltee bakka nyaata itti bilcheessitu irraa fageessi.
- Yeroo nyaata bilcheessitu uffata harka gabaabbatu ykn ol-maramu kaawadhu ykn uffata gad-dheeratu laastikii fayyadamuun ol-qabsiisi.
- Yoo danda'ame istoovii irratti bilcheessan kan gara duuba jiru irratti bilcheessi akkasumas kan harkaan qabatamu gara keessaa (duubaa) deebisi. Daa'imni waa tuttuquu jaalatu qabata butudhaan ottee garagalchuu dan'da'a.
- Haada meeshaa ittiin bilcheessanitti qabatee jiru akka gara qarqaraa istoovii dhihaate daa'imman harkisuudhaan istoovii gubbaa gara hingalchine dhoorgi.
- Waan akka bunaa fi shaahii danfisuudhaaf mi'a gad dhangala'uu dhoorgu fayyadami.
- Yeroo daa'imman jajjabaatte jiran, uffata xarapheezzaa nyaata irra jiru kaasuun afaa kaawi. Daa'imman harkisuudhaan waan hoo'aa ykn nama gubu dhangalaasu.

- Naannoo istoovii fi oovanii bakka ijoolleen hin geenne ykn hin hubamne qopheessi-fageenna haga fuutii 5tti. Ijoolleen gara hundaan hanga jedhame kana irraa fagaachuu qaban.
- Meeshaan Maakroweevii keessa kaawamee bahu qabanaawaa fakkaatus nyaanni isa irra jiru kan nama gubu ta'uu akka danda'u ijoollee barsiisi.

## Of-eeggannoo gara biraa

- Utuu daa'ima bishaan keessa hin keenne dura bishaan itti qaama dhiqqu ilaali. Meeshaa bishaan hoo'isu F 120° ykn kanaa gadi godhuun yeroo hunda toohadhu.
- Kibriitii fi dhangalaha ibiddaan qabatu bakka ijoolleen hin dhaqqabne kaayi.
- Gonkumaa bakka bobahaan ibiddaa jirutti hin fayyadamin, bakka qillensi akka gaaritti jirutti fayyadami, akkasumas gonkumaa kasala qabsiisuuf hin fayyadamin. Meeshaa marga haamuu fi muka ciru utuu hojiif hin fayyadamin dura gaaza itti guuti. Utuu hojii hin fixin gaaza dabaltee itti naquu yoo barbaadde motorri qabbanaawuu sirritti hubadhu.
- Qillisaa aara suufu eddoo hirribaa hundaa fi mana gubbaa fi jala qabu eddoo hundatti kaawamuu qaba. Ji'atti al tokko akka hojjatu to'aachuudhaan dhakaa baatirii woggaatti yeroo lama jijjiiri.
- Gola hunda keessaa karaa gara alaa ittiin baqattu lama qopheessuudhaan shaakali.



## Ibiddaan gubadhe, maal godhaa?

### Ibidda dhaamsi.

Uffata, dahaabaa fi sibiila naannoo gubate irraa kaasi; oo'a qabatuun gara gogaa dabarsee balaa dabala. Yoo meeshaan qaamatti qabate, bishaan qabbanaayaa itti godhuun gara mana yaala deemi. Daqiiqaa gabaabduuf bishaan qabbanaawaa- qorraa utuu hin ta'in- bakka ibiddaan hubame irra gad dhangalaasi.

Cabbii bakka gubatetti **hin** godhin. Cabbiin hammeessuu danda'a.

Kireemii, waan dibamuu fi waan itti qabatu bakka gubatetti **hin** godhin.

Bakka iitawe utuu Haakimatti hin garsiisin **hin** dhoosin.

Gubatiinsi sadarkaa duraa (diiminna) fi kan lammaaffaa (iitaa hin dhoohin) kan ganaa namaa hin geenne yeroo baay'ee manatti woldhaanamuu danda'a. Guyyaatti yeroo hedduu Saamunaa Baakteeriyaa ittisuun suuta jechuun miicuudhaan akka madaa hin godhanne godhi. Sirritti dhiqi. Huccuu (dressing) qulqulluu fi kan itti hin qabanne itti uffisi. Hoo guyyaa lamaa fi sadii keessatti hin fayyin ykn madaa godhate ta'e, Haakimii kee ykn naannoo keettii waalata dhimma ibidda too'atu wojiin mari'adhu.

Gubatiinsa gurguddaaf (ganaa namaa irraa guddaa hoo ta'e), ykn gubatiinsa keemikaala ykn elektriikaa ykn naannawa fuulaa, ujummoo qilleensaa, harka, miila ykn qaama saalaa yoo ta'e 911 ykn laakkobsa hatattamaa naannoo kee jiru bilbili.